# Gorsa qusannaa humna ifaa yeroo gannaa

Qilleensi yeroo qabbanaa Tasmania, keessattuu yeroo gannaa gatii humna ifaa irratti dhiibbaa guddaa qabaatuu dandaá. Mana kee keessatti gorsa qusannaa humna ifaa saphlaa kana yaali.

Oromo

## Ho'a ittisi

Kutaa dhimma itti baatu qofa hoífadhu, safartuu hoá mana keessaa (thermostat) digirii centgredii 18 hanga 21 (18°C-21°C) gidduutti eegi.

## Haguuggoo foddaatiin (curtains) ho'isuu

Osoo aduun hin lixin ykn hin seenin hoá mana keessaa ittisatuuf haguuggoo foddaa (curtains) cufi.

## Kara shuffeen qilleensaa (breeze) seentu cufi

Qaawwaa ykn wal hankaaka (gap) foddaa fi balbala irra jiru kan qilleensi ykn qorri akka hin seenne dhorkuun cuqqaali.

## Yeroo qaama dhiqannaa gabaabsi

Bishaan bulluqsuun humna ifaa baayée barbaada. Yeroo qaama dhiqannaa daqiiqaa 5 gaditti eegi.

## Waa if irra buusi

Oso ho'istuu (heater) hin qabsiisin dura waan qaama si ho'isu uffadhu, miillattis waan furdaa keewwadhu.

Gorsa caalu akka itti humna ifaa qusattu koodii QR kana qori (scan)

aurora energy

# Gatii humna ifaa kee kaffaluuf gargaarsa barbaaddaa?

Yoo gatii humna ifaa dhimma itti baate hanga yaaddee ol sitti ergame, akkaataa itti of irra baastu irratti, akka itti humna ifaatti dhimma baatuu fi rakkoo maallaqaa irratti tarii Aurora Energy si gargaaruu dandaá.

### Yeroo kaffaltii siif dheeressuu

Yeroo kaffaltii gatii humna ifaa (bill) kee hanga torban lamaatti dheeressatuu dandeessa.

### Akkaataa itti of irraa baastu

Yoo yeroo kaffaltii gatii humna ifaa hanga takka dheeressatuu fedhte akkaataan itti of irraa baastu ni jira.

### Gati-hirísa humna ifaa (electricity) kan waggaa

Yoo tarii Kaardii Gati-hirísa Sooramaa (Pensioner Concession Card) Kunuunsa Fayyaa (Health Care Card), ykn ImmiCard qabaatte tarii gati-hirísa humna ifaaf seerri siif hayyama taha.

### Sagantaa YES

Sagantaan keenya Gargarsa Humna Ifaa (YES (Your Energy Support) namoota rakkinni maallaqaa mudatte gatii humna ifaa isaanii irra akka aananiif gargaarsa taasisu ni qaba.

### Kara aurora+ humna ifaa kee toádhu

aurora+ akka itti bilbila harkaa kee, tabileetii ykn komputeerii kee irratti ifaa hanga dhimma itti baate ilaaltu, akkaataa itti gatii isaa of irraa baasaa deemtu fi hanga siif hafe ilaallattu siif mijjeessee jira.

**1300 132 003** irratti nuuf bilbili ykn ilaali, **auroraenergy.com.au**

Afaan hiikkaa yoo barbaadde Tajaajila Afaan Hiikkaa fi Jijjiirraa (Translating and Interpreting Service (TIS)) **13 14 50** irratti qunnami.

aurora energy